

# Renting in Seattle

# MANA KIREEFFATAN GADHIISUU

Walii galtee kiraan manaa addaan kutuuf wantootni beekamuu qaban baay'een jiru. Barruun kun yoo ba'uu barbaaddu fi yoo abbaan qabeenyichaa akka ati baatuuf sigaafate maal gochuu akka qabdu hima. Waa'ee deebi'ee kaffalamuu qusanna nageenyaa, seeninsa abbaa qabeenyichaa fi deemsaa gadhiisuu irratti ni dudubbata.

[www.seattle.gov/rentinginseattle](http://www.seattle.gov/rentinginseattle) daawwadhu. yookaan **Lakkoofsa kanaan (206) 684-5700 Renting in Seattle Helpline (Toora-gargaarsaa Seattle keessatti Kireeffachuu)** 'tti bilbili.



**City of Seattle**  
Oromo

## Yeroo manaa ba'uu barbaaddu

- Yoo ji'a ji'aan kaffaltee teessa ta'e, yoo xinnaate ji'a gadhiisuuf yaadde guyyaa 20 dursitee barreeffamaan abbaa qabeenyaa beeksisu qabda.
- Yoo liizii yeroo murtaa'eef qabaatte, ulaagaawwan beeksisichaa caqasuuudhaaf walii galtee liizii sanaa ilaali.
- Beeksisa sirrii tahe dhieyessuu dadhabuun yeroo kireessuu itti aanuuf kireeffachuuf itti gaaffatamaa si taasisuu ni danda'a.
- Haala baay'ee murtaa'aa ta'ee fi haallan adda baafamanitti walii galtee liizii addaan kutuu seerri ni eeyyama. Otoo guyyaan xummuraa walii galtee liizii kee hin dhumiin addaan kutuuf yoo yaadde, abbaa qabeenyichaa waliin addaan kutuuf walif galuu yaali akkasumas yoo barbaachisaa ta'e gorsa seeraa argadhu.



*Heloo?  
Abbaa qabeenyaa  
beeksisa anaaf  
kenne...*



## Abbaan qabeenyaa Yoom akka gadhiistu barbaade

Walii galtee liizii qabda yoo ta'e, liizichi akkamii akka xummuramu ilaachisee kuticha caqasi. Yoo liiziin kee guyyaa murtaa'e tokko irratti kan dhaabbatuu ta'e, haareessuufis kan filannoo hin qabne yoo ta'e, walii galtee ji'a ji'aattis yoo hin deebisu ta'e akkaataa walii galtee liizichaatti gadhiisuu qabda ta'a.

- Yoo ji'a ji'aan kaffaltee teessa ta'e, kireessaan kee *sababa sirrii* ittiin kireeffanna kee dhaabuu danda'u qabaachuut irra jira. Beeksisni barreeffamaa ifaan sababa qabatamaa sirrii sana ibsuu qaba akkasumas guyyaa ati itti akka gadhiiftu sana si beeksisu qaba. Sababootni qabatamoo sirrii 18 ni jiru kunniniis teessoo kanarratti ni argamu [www.seattle.gov/rentinginseattle](http://www.seattle.gov/rentinginseattle).
- Sababootni qabatamoon sirriin muraasni abbaan qabeenyichaa sun gatii iddo jijiirranna akka kaffalu kan gaaffatanidha.
- Beeksisni gadhiisuu abbaa qabeenyicharraa yoo si qaqqabe, Renting in Seattle Helpline 'tti bilbili kunis beeksisa fudhatama qabu kan ulaagaawwan seeraa hunda guutu ta'uusaa baruuf qulqulleeffachuuf.

## Haala itti mana Gadhiisuu.

- Mana kireeffatte haala yeroo argatte sana waliin kan wal fakkaatuun akka deebistu seeraan ni barbaachisa kunis bututuu fi tarsa'uu qabatamaa malee.
- Abbaan manichaa yeroo ati seentu unka walii galtee kiraa gaafa ati kireeffatte itti galte sana kennuu qaba akkasumas isuma sanarra dhaabateeti kan inni manicha miidhuu kee tilmaamu.
- Yoo waanti miidhame jiraate, abbaan qabeenyichaa umrii fi haala qodaa miidhame sanaa irra dhaabbachuudhaan murteessa akkasumas kaffaltii isaa ol si baasisuu hin danda'u.
- Yeroo baatee asiif achi deemtu kireessaa kee waliin wal-arguun waan jirudha garuu ulaagaa seeraa miti. Kutaa keessaa baatu otuu furtuu isaa itti hin laatiin dura keessa deebi'i galmeessi. Ragaan viidiyoo fi suuraa deebii qusannaa keetiif barbaachisoodha kunis waldhabdeen yoo jiraate.

Afata mana keessaa

Haalota yeroo manatti galtuutti

✓ Madadalawaan  
haala - dimim-  
misa muraasal/  
sassaramuuwan

Haalota yeroo mana gadhiiftuutti

✓ Wal-falkaataa

Golgaawwan

Haala

✓ gaarii

✗ Adurreen kan  
miidhame

Meeshaawwan  
iddoo  
bilcheeffanna  
nyaataa

✓ l' tugaa

mallattoo

gubannaa jala  
bu'un

✓ Wal-falkaataa


Dibama Halluu

✓ Haala haaraan  
guutummaatti  
kan dibame

✗ Dibaminsa  
Haffuu hin  
mirkanaa'iin kan  
kutaa ciisicha.

## Deebi'insa Qusannaa.

- Erga walii galteen kiraa dhaabbatee guyyoota 21 keessatti, abbaan qabeenyichaa qusannoo kee siif deebisuu qaba yookiin ragaa guutuu fi qabatamaa kennuu qaba, kunis qusannicha keessaa qaamni kamiyyu maaliif akka dhowwame ibsuudhaan.
- Yoo abbaan qabeenyichaa ulaagaa guyyoota 21 hin guunne ta'e, Renting in Seattle Helpline 'tti bilbili.
- Waldhabdeewan waa'ee miidhamaa yookiin bututinsaa fi baqaqinsaa, gatii suphaawwanii fi baasiwwan hin kaffalamiinii gidduu jiru, jaarsummaan furamuu qaba kunis karaa Dispute Resolution Center of King County (Giddu-gala Furaminsa Waldhabdee kan King County) ta'u qaba, [www.kcdrc.org](http://www.kcdrc.org) yookiin karaa mana-murtii iyyannoowwan xixiqqootiin, [www.kingcounty.gov/courts/district-court/small-claims.aspx](http://www.kingcounty.gov/courts/district-court/small-claims.aspx).



# Seensa Abbaa Qabeenyichaa

- Guyyaa 1 dura si beeksisuudhaan kireessaan kee namoota kireeffachuu danda'aan, hojjettoota yookaan kanneen bitanitti manicha agarsiisuuuf mirga qaba.
- Suphaawwan barbaachisoof yookiin kan walii galameef seenuun guyyoota 2 dursuun beeksifamuu barbaachisa.
- Sababii sirrii kan akka waldhabdee sagantaa yoo qabaatte akka hin seenne dhorkuu ni dandeessa garuu guyyaa fi yeroo kan biraan kennuufii kee mirkaneeffadhu.
- Atii fi kireessaan kee sun mana sana seenuu ilaachisee sababa ga'aa qabaachuu qabdu.



## Kireeffataa mana Gadhiisisuu

Kireessaan *Writ of Restitution (Heyyama Mana-murtii Deebisa-kaffaltij)* mana murtii ol-aanaa irraa argachuu qaba kunis kireeffataa tokko manaa baasuuf.

Adeemsichi isaa beeksisa waliigaltee yookiin gadhiisuu irraa eegala. Yoo kireeffataan otuu guyyaan beeksisaa irra hin darbiin deebii kennuu dhiise, abbaan manaa dhaddacha olaanaa irratti kireeffataa sana dhiyeessuudhaan hima diddummaan himachuu ni danda'a. Kireeffataan guyyaan dhumaa otuu hin ga'iin deebisuu qaba yookaan immoo adabbii murtoo kaffaluu dhiisuu keessa gala. Abbaan murtiis *himata dhiyaate* dhaga'ee ragaa amansiisaadha jedhee murteessuu ni danda'a.

Abbaan manaa yoo hubachiisa siin ga'ee ittiin qabee yoo danda'ame manaa baafamurraa ooluuf atattamaan gorsa ogeessa seeraa argachuun baay'ee murteessaadha. Muuxannoo kireeffachuu kee keessatti manaa baafamuun kireeffanna kee gara fuula duraa irratti si rakkisu ni danda'a akkasumas fudhatamummaa kees miidhuu ni danda'a.

Odeeffannoo dabalataaf Renting in Seattle Helpline 'tti bilbili.



**City of Seattle**

[Seattle.gov/rentinginseattle](http://Seattle.gov/rentinginseattle)

Toora-gargaarsaa (206) 684-5700

Seattle hammatamummaa fi haqummaatti amanti. Asitti baqattoonnii fi koolu-galtoonni ni simatamu. Hojjetootni magaalaa haala lammummaa hin gaafatan akkasumas sadarkaa jireenyaa isaanii malee jiraattoota hunda tajaajilu.

Ati yoo qaama hir'uut taate akkasumas filannoo haala kan biraatiin odeeffannoo nurraa fudhachuu yoo barbaadde maaloo toora-gargaarsaa keenyatti bilbili. Toorri TTY keenyaa kana (206) 233-7156.

**Turjumaanni yeroo hunda ni argama. Dookumentiin kun afaanota armaan gadiitiin ni jira:**

English • Español • Oromiffa • af Soomaali • አማርኛ • ភាសាខ្មែរ • 中文 • 한국어 ພາສາລາວ • русский язык • ภาษาไทย • ខ្លួន • Tiếng Việt